# QAACCESSA ERGAA JECHAMA AFAAN OROMOO IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATAA: LAMMEESSAA MALAAKUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# QAACCESSA ERGAA JECHAMA AFAAN OROMOO IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATAA: LAMMEESSAA MALAAKUU**

**GORSAAN: BINIYAAM JAMBAREE (MA)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# Galata

Waan hundumaa dursee waaqayyo uumaakoo isa hanga ammaatti na gargaare galateeffachaa, qorannoo kana jalqabaa kaasee hanga xumuraatti yeroofi humna isaanii osoo hinqusatin, qorannoon kun galma akka ga'uuf kan na gorsaa turan Biniyaam Jambaree(MA) galannii isaanii guddaadha. Kanatti aansuun maatiikoo xinnummaatii kaasanii amma har'aatti gargaarsi isaanii kan na biraa hin hafne: abbaakoo Malaakuu Dheeressaafi haadhakoo Araaree Horaa akkasumas, obboleessakoo Basha'aa Malaakuu galata guddaa narraa qabdu. Dhuma irrattis, hiriyootakoo keessaa naman baay'ee jaalladhu qorannookoo keessatti beekumsa isaan na bira dhaabachaa ture Ermiyaas Waaqjiraa baay'een galateeffadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........ i

Baafata ........ ii

*Axereeraa* ........ v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ........ 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 3

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 3

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 4

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 5

2.1. Maalummaa Afoolaa ........ 5

2.1.1. Amaloota Afoolaa ........ 5

2.1.1.1 Lufummaa ........ 5

2.1.1.2 Jijjiiramummaa ........ 5

2.1.1.3 Uummatummaa ........ 6

2.1.1.4 Hurruubummaa ........ 6

2.1.2. Faayidaa Afoolaa ........ 6

2.1.2.1. Miliqsuuf ........ 6

2.1.2.2 Barsiisuf ........ 7

2.1.2.3 Ibsuuf ........ 7

2.1.2.4 Cimsuuf Dabarsuuf ........ 8

2.1.2.5 Too’achuuf ........ 8
2.1.3. Gosoota Afoolaa ........ 8
2.2. Malummaa Jechamaa ........ 8
2.2.1. Amaloota Jechamaa ........ 9
2.3. Akaakuuwwan Jechamaa ........ 9
2.3.1. Jechama Qaama Namaa Bu’uureeffatu ........ 10
2.3.2, Jechama Lubbu-qabeeyyii biroo bu’uureffatu ........ 11
2.3.3, Jechamoota Lubbu-qabeeyyii bu’uureffatu. ........ 11
2.4. Qabiyyeewwan Jechamaa ........ 12
2.5 Faayidawwan Jechamaa ........ 12
BOQONNAA SADII :MALLEEN QORANNOO ........ 13
3.1 Saxaxa Qorannicha ........ 13
3.2 Madda Ragaalee ........ 13
3.3 Mala iddaattoo fi iddaatteessuu ........ 13
3.4,Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 13
3.4.1 Afgaaffii ........ 14
3.4.2 Marii Garee ........ 14
3.4.3. Sakatta’a Dokumantii ........ 14
3.5 Mala xiinxala ragaalee ........ 14
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE FI ARGANNOOWWANII ........ 15
**4.1 Ergaa Qabiiyyee Jechama Afaan Oromoo** ........ 15
4.1.1Haalota Qaaccessa Ergaa Qabiiyyee Jechamoota Afaan Oromoo ........ 15
**C1. Jechamoota safuu argisiisan** ........ 18
**C2 Jechamoota gadda agarsiisan** ........ 19
**4.2 Wantoota Ergaa Jechama Afaan Oromoo Irratti Dhiibbaa Fidan** ........ 20

**4.3. Faayidaa Qaaccessa Ergaa Jechama Afaan Oromoo** ........ 21
**4.4 Haala Ergaan Jechama Afaan Oromoo Itti Hubatamu yookin Darbu** ........ 22
BOQONNAA SHAN: YAADA XUMURAAFI YAADA FURMAATAA ........ 24
**5.1 Yaada Xumuraa** ........ 24
**5.2 Yaada Furmaataa** ........ 25
WABIILEE ........ 26
Waraqaa Mirkaneeffannoo ........ 27

## *Axereeraa*

*Qorannoon kun qaaccessa ergaa jechama Afaan Oromoo irratti kan xiyyeeffatudha. Akkan qorannoo kana adeemsisuufis kan na kakaase, qaaccessi jechamni Afaan Oromoo barreeffamaan ka'aamee waan hinjirreef bifa barreeffamaatin dhaloota dhufuuf ol kaa'uudha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan qaaccessi jechama Afaan Oromoo yeroo ammaa sababoota adda addaatiin dhokataa jiru sakatta'uun qaaccessuudha. Qorannoo kana geggeessuudhaaf meeshaaleen funaansa ragaa kanneen akka: afgaaffiifi sakattaa'a harshammeetti dhimma ba'eera. Malli iddattoon ittiin filame, mala mit-carraa keessaa akkaayyootti dhimma kan ba'amedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoo kallattii addaa addaatiin argame, mala qaaccessa qorannoo al-lakkoofsaatti fayyadamuun kan ibsamu yoo ta'u, qorannoo kanaan argannoowwan bira ga'aamanis, ergaa jechama Afaan Oromoo namoonni fayyadamuuf muuxannoo qaban hundi kan itti gargaaramanidha. Kana malees, jechamni Afaan Oromoo iddoo hundatti kan taajajilu ta'uu isaati.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afoolli damee ogummaa keessaa isa tokko ta'ee, aadaa, amantii, duudhaa, safuu fi barsiifata akkasumas, seenaa saba tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha.(Wasanee, 2000). Afoolli Oromoo muuxannoo yeroo dheeraaf kuufamee saba eenyummaa eegaa turerraa gara dhaloota itti aanuuttikan darbaa dhufeedha.(Efireem,1993.68). Akkasumas, saba tokkoof afoolli aadaa,duudhaa,barsiifata haala jiruufi jireenya isaa kan ittin ibsu dame ogummaati.

Afoolli ummata kamiiyyuu osoo hin daangessin akkuma ogbarruu yaada,falaasama,aadaa fi duudhaa ilma namaa ifa godha. Kunis afaanin dhalootaa dhalootatti kan darbu jedha.(Warquu,1995). Dabalataanis Lammiin (2011:11) akkas jechuun afoola ibsa"afoolli muuxannoo jiruuf jireenyaa: gadda, gammachuu, amantaa, shakkii, diddaa, duudhaa, safuufi kankana fakkaatan dhalootaa dhalootatti kan dabarsu qabeenya ummataati" jedha. Yaada kana deeggaruun Amaanuu fi Bahiruun (2004:13)yeroo ibsan "Afoolli muuxannoo haala jiruuf jireenyaa, aadaa, gammachuu, soda, jaalachuu, jibbuu hawaasaa dhalootaa dhalootatti kan dabarsu qabeenya ummataati" jedhu. Akka hayyuun Okpewho (1992) ibsetti "Afoolli gosoota gurguddoo saditti qoodama jedha. Isaanis: walaloo afoolaa, seenaffamtoota afoolaafi qareeyyiidha "jedha. Jechamnis dameewwan afoolaa keessaa qareeyyii isa jedhamu jalatti kan ramadamuudha.

Namni afaan sirritti beeku tokko tooftawwan adda addaa fayyadamee ergaa barbaachisaa ta'e gara dubbisaatti dabarfata .Tooftawwan kanniin keessaa tokko jechamadha. Jechamnis dameewwan afoolaa keessaa isa tokko yommu ta'u, seerluga Afaan Oromoo keessatti baay'ee beekamaadha. Kana yammuu jedhamu jechamatti fayyadamuun ergaa dabarfachuu keessatti ummanni oromoo haalan kan itti fayyadamuufi iddoo guddaa kan kennuufidha. Jechamni hiika lama qabatee yoo dhiyaatelle, dubbataan waan dubbateef fedhii isaa karaa bareedaa ta'een hiika lammaffaa keessa dubbii sana namaaf ibsa.(Wasanee, 2000).

Yaanni armaan olii kun kan ibsu, jechamni kan dubbatamuuf hiika jalqabaa dabarsuuf osoo hinta'in hiika lammaffaa isaa isa icciitii baatu dabarsuuf kan dubbatamu ta'uu ibsa. Akkasumas Fedhasaa (2013;61) yommuu ibsu "Jechamni hiika dhokataa ofkeessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu jecha, gaalee fi hima kophaa dhaabbatee yaada bal'aa fi

sammuu namaa kan affeerudha"jedha. Kana males Wasanee akkas jechuun ibsa "Jechamni haalota kanneen akka gammachuu gaddaa, gamnummaa, gootummaa ittiin ibsuufis ni gargaara"jedha.

1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuuf wanti na kakaase sababoota adda addaan dagatamaa adeemuu qaaccessa ergaa jechama afaan oromooti. Sababoonni kunneenis kanneen akka sirnoota darban keessa afaan oromoo dhiibbaa karaa mootummootaa irra gahaa turee fi walirraa fagaachaa adeemuu dhaloota qubee fi manguddooti. Rakkoowwan kana bu'uura godhachuun sababa rakkoowwan kanaa qoradhee bira gahuun gara fulduuraatti furmaata isaa barbaaduun kallattii furmaataa kaa'uun fedhii koo ta'ee jira. Akkuma, armaan olitti ka'e wantoota dagatamaa dhufuu qaaccessa ergaa qabiyyee jechama afaan oromoof sababa tahan keessaa tokko akka dhaloonni hammaa manguddotti dhiyaatanii maalummaa jechamaa fi ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo hubachuu irratti baay'isee hanqina qabu.

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu, Alamaayyoo [1998:21] yommu ibsu , "Aadan ummanni Oromoo qabu baay'een sababoota garagaraa irraa kan ka'e dagatamaa jira"jedha. Sababoota kana hayyu un kun yommuu ibsu, Rakkoon ummata Oromoo inni guddaan seenaa barreeffamaa kan bara durii dhabuudha"jedha.

Haaluma kanaan yeroo durii eegalee jechamoonni hawwasa Oromoo biratti waliin jireenya,qabeenya tokkummaa ,jaalala hawaasaa fi haala gaddaafii gammachuu kan ittiin ibsataniidha. Kana males haalaa fi amala nama tokkoo ittiin ibsuuf gargaara. Haa tahu malee, jechamoonni kun yeroo ammaa kana kan isaan argaman bifa barreeffamaan osoo hin taane sammuu manguddootaa keessatti kan argamaniidha. Kun immoo, seenaa, aadaa, afaan saba kanaa jechamatti fayyadamee dhalootaa dhalootatti tarkaanfachiisuu yookin dabarsuu irratti rakkoo cimaadha. Kana irraa ka'uun yeroo Afaan Oromoo afaan hojii fi afaan barnootaa tahe kanatti ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo kan afaanin daddarbaa ture kana barreeffamaan dhaloota itti aanun gahuun dirqama nama barateeti. Bifa barreeffamaan ol kaahun ammoo raga sobaa hir'isuuf gargara. Kanaaf qaaccessa ergaa qabiiyye jechama Afaan Oromoo bifa barreeffamaatin olkaahun barbaachisaa ta'ee natti mul'ateera.

Kana malees, qorannoo kana akkan gaggeesuuf wanti ana kakaase qaaccessa  ergaa fi qabiiyyee jechama Afaan Oromoo gosoota uunkaalee gaggabaaboo jiran  keessaa isa tokko waan taheef, qabiiyyee fi akkaataa hawaasa keessatti itti tajaajilu beekudhaafi faayidaa qaaccessi ergaa jechamna Afaan Oromoo hawaasa keessatti qabu irraa ka'uun qorannoo guddinaa fi dagaagina qaaccessa ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromootiin walqabatee taasifamu keessatti gumaata gumaachuu danda'a. Kunis qorrannoo koo akka ngaggeessuuf sababa biroodha.

Yaada kana irraa ka'uun gaaffiwwan  bu'uuraa  armaan  gadii deebii argatu jedheen yaada. Gaaffileen kunneenis;

- Ergaan jechama Afaan Oromoo maali?
- Faayidan jechama Afaan Oromoo maali?
- Haalli ergaan jechama Afaan Oromoo itti hubatamu maal fakkaata?
- Wantoonni ergaa jechamoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan maal fa'i?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyon qorannoo iddoo lamatti qoodama isaanis; kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyon guddaan qorannoo kanaa ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromo qaaccessuun ibsuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyon gooree qorannoo kanaa akka walii galaatti wantoota armaan gadi irratti kan xiyyeeffateedha.

- ✓ Ergaa jechama Afaan Oromoo qaaccessuun ibsuu.
- ✓ Faayidaa  jechama afaan oromoo ibsuu.
- ✓ Haalli ergaan jechama Afaan Oromoo ittiin hubatamu yookin ittiin darbu maal akka fakkaatu ibsuu.

- ✓ Wantoota ergaa jechama Afaan Oromoo hubachuu irratti dhiibbaa fidan ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannon tokko yommuu gaggeffamu xumurri isaa bu'aa tokko argamsisuuf yaalama. Kanaaf qorannoon kun erga gaggeeffameen booda faayidaa armaan gadii kenna jedheen yaada. Isaanis:

A, Namoota mata duree kanaan walqabate qorannoo gaggeessuu barbaadaniif yaada dabalataa ta'uun tajaajiluu danda'a.

B, Ragaalee qorannoo kana irraa ka'uun qorannoo biroo akka gaggeessaniif fayyaduu danda'a.

C, Aadaa hawaasaa Oromoo afoolummaa irraa gara barruutti jijjiiruun dhaloonni dhufu akka irraa baratu gochuuf gargaaruu ni danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun sadarkaa guutuu Oromiyaatti gaggeessun hin danda'amne. Haa ta'u malee, qaaccessi ergaa jechama Afaan Oromoo bakkaa bakkatti gargar yoo ta'eyyuu hawaasa Oromoo hunda keessatti ni gaggeeffama.

Dabalatanis, kan qaccessi ergaa jechama Afaan Oromoo keessatti xiinxalamu yaadrimee aadaa hawaasaa keessatti ta'ee, akkaataa namonni qaaccessi ergaa jechama Afaan Oromoo kana keessatti walitti dhihaataniin kan xiyyeeffatuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Afoolaa

Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa’uun afaanin himamuudha. Kana keessatti, haalli kuufamaafi lufiinsaas himiinsa afaanin malee barreeffamaan miti. Wanti afaanin lufaa dhufe kan baattuu seenaa, eenyummaa, falasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsa fi muuxannoo dhala namaa baatanii as ga’an(Misgaanu,2011). Geetaachon(2008:114) yaaduma kana deeggaruun afoolli gosa ogbarruu ta’ee, aadaa,seenaa,fi eenyummaa hawaasaa himiinsa afaanitiin dhalootaf akka dabarsu eera. Abarraanis(1991:14) akkas jechuun ibsa “Afoolli dhalootaa dhalootatti kan afaanin darbu ta’ee kanneen akka jechamaa, hiibboo, mammaaksaa fi kan kana fakkaatan of keessatti kan hammateedha. Afoola ilaalchisee Nagariinis(1995:42) yoo ibsu”Afoolli eenyummaa ilaalcha sabaa,haala beekumsa, seenaafi qaroomina uummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraa irraa adda bahee ittiin beekkamu; aadaa, duudhaa, barsiifata akkasumas haala jiruuf jireenya ummataa kan agarsiisudha” jedha.

### 2.1.1. Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota mataa isaa danda’e akka qabu hayyoonni ni ibsu. Geetaachoo (2011:39) Afoolli kan ittiin beekamu kanneen akka lufummaa, jijjiiramummaa, ummatummaa, hurruubummaa qaba jechuun ibsa. Afoolli qabeenya walii galaati(Asaffaa,2009).

#### 2.1.1.1 Lufummaa

Haala afoolli dhalootaa dhalootatti daddarbuudha.Misgaanuu(2011:30) afoola yoo ibsu “lufummaan haala afoolli dhalootaa dhalootatti darbuun kan wal qabaateedha” jedha. Afoolli bara kalaqame irraa jalqabee hanga har’aatti utuu daddarbuu har’a ga’eera. Dhaloota dhufuufis haaluma kanaan lufa” jedha.

#### 2.1.1.2 Jijjiiramummaa

Afoolli sababa afaanii ykn dubbiidhaan dhalootaa dhalootatti darbuuf yeroo hurruubamu itti dabaluufi irraa hir’isuun nijiraata. Kun ammoo, amala jijjiiramummaa qabaachuusaa agarsiisa.

Namoonni adda addaa afoola walfakkaatu yeroo adda addaa keessatti bifa gara garaan hurruubu dandahuu agarsiisa. Kunis qabiyyee guutummaa afoolichaatu jijjirrama osoo hintaane qabiyyee jalqabaa qaburraa hir’isuu ykn itti dabaluufi haala itti dhiyaatuu danda’uutu jijjiiramuu agarsiisa

malee ergaan isaa hinjijjiiramu. Afoolli yeroo kalaqame irraa eegalee haala yeroo turtii irraa kan ka'e jijjiramuu danda'a. Geetaachoo (2005:141) "Afoolli haala dheeraa yeroo lakkoofsisee fi haala teessuma iddoo adda addaatti ta'uurraa kan ka'e jijjiiramni tokko tokko irratti uumamuu danda'a.

#### 2.1.1.3 Uummatummaa

Afoolli abbummaan isaa kan hawaasaati. Sababiinsaa afoola kan uumu abalutu bakka akkasitti bara kana uume jechuun waan hindandahamneefidha. Kun ammoo, afoolli yoomessa murta'aa akka hinqabne agarsiisa. Osoo ogbarruu barreeffamaatiin barreessaa, bara maxxanseefi eessatti akka maxxanfame qabaata. Kana qabaachuunsaa qabeenya dhuunfaa ta'uusaa yoo ibsu, afoolli ammoo yoomessa murta'aa dhabuunsaa qabeenya hawaasaa ta'uusaa waan agarsiisuuf akka amala afoolaatti fudhatamee dubbatama.

#### 2.1.1.4 Hurruubummaa

Afoolli gocha waliin kan wal qabateedha. Afoolli kan raawwatu afaaniin qofa osoo hin taane gochaanis ni rawwata. Akkuma beekamu afoolli yeroo hurruubbamu yoomessaa mataasaa danda'e qaba. Yeroo kana ammoo, hurrruubummaa afoolaa kanaa hirmaannaa hawaasa bakka sanatti argamaniin darba.  Jamaan achitti argamu, afoola hurruubamu duukkaa bu'ee gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala; akkasumas, amantaafi falaasa hawwaasa sanaa duukkaa  bu'uun hordofa. Hirmaattoonni kunniin warra huruubaa jiran caqasun daawwachaa imimmaaniin, fuulaan, yookaan mallattoo gara garaatiin hirmaannaa isaanii ibsu. Bakka hirmaattonni hinjirreetti afoolli hinhurruubamu.

### 2.1.2. Faayidaa Afoolaa

Afoolli jireenya hawaasummaa keessatti gama Afaanin, siyaasan, aadan, seenaa fi diinagdeetin faayidaa heddu akka qabu beektonni ni eeru.

#### 2.1.2.1. Miliqsuuf

Wasanee (2000:171) "Afoolli jireenya nuffisiisaa jalaa gara waan nama boqachiisutti dhiibbaa yeroof irra gahuuf deemu jalaa baasuf harkisuun miliqsuuf gargaara" jedha.

Yaanni kun afoolli namoota rakkoolee adda addaa jalaa oolchuf kan tajaajilu ta'uu isaati. Miliqsuun jireenya nuffisiisaa irraa karaa nama boqochiisuutti jalaa harkifachuu yaaluu jechudha. Jiruuf jireenya ilmii namaa dhiibbaa yeroo amantaa,  jireenyaa ilma namaa,

qabeenyaafii kan kana fakkaatan irraa kan ka'ee bu'aa ba'ii hedduun kan guutamedha. Dhiibbaawwan isa irra jiran kanneen qorachuufi mormachuun rakkoo isaan irraa ga'uuf afoolatti dhimmaa ba'uun miiraa keessa isaaniitti dhikkifatu jalaa ba'uuf, boqonnaa argachuufi jibba mudatan jalaa miliquudha. Addunyaa haaraa keessa galuun kolfaa yookaan taphachaafi bashannanaa jiraata. Karaa biraatiin Misgaanuu (2004;10) irratti yoo ibsuu namni kammiyyuu daangaa aadaa hawwasaa isaa miliquuf afoolatti gargaaramuun yeroo keessaa miliqtu jira jechuun ibsa.

#### 2.1.2.2 Barsiisuf

Hinseenee (2010:3) faayidaa afoolaa yeroo ibsu "Afoolli ijoollef baruumsa, beekumsa afaanif qooda guddaa qaba. Akkasumas naannoo fi afaan barsiisa "jedha. Afoollii aadaa uummataa, seenaa, duudhaa fi haala uffannaa ni barsiisa. Fiqaadeen (1991;95) yoo ibsu, amaloota fudhatamummaa qaban agarsiisuuf,jireenyaa keessatti jabaatanii hojjeechuuf, tokkummaa qabaachuu, arjummaafi abshaalummaa ni barsiisa.

Afoola barsiisuu kessatti ga'ee guddaa kan qabatu mammaaksa. Hojii dhiisanii taa'uun faayidaa akka hin qabne hojii jireenya gammachiisaa akka namaa jiraachisuu danda'u; hojii dhiisuun, deegaafii gadadoo malee bu'aa akka hin qabnee mammaaksonnii nu barsiisu. Kana malees, akkaa hayyuun kun ibsutti afoolli faayidaa hedduu uummata kessaatti qaba. Kana jechuun afoolli jiruuf jireenya hawaasa kessaatti faayidaa hedduu akka qabu mul'isa.

#### 2.1.2.3 Ibsuuf

Ibsuun akka Fiqaadeen (1991;94) ibsuutti fayidaa afoolaa keessa tokko kan ta'e gaaffillee naannoo keenyaa irraa ka'aaniif deebii kenna. Wantoota naanno addaa addaatti argaman irratti hubannoo cimaa ta'e tokko dabarsa. Eessaa dhuftee: namootaa, bineensotaa, biqilootaa 'eenyuutu uume?' jecha jedhuuf deebii kennuuf kan gargaarudha. Dabalataanis Misgaanuu (2014;35) irratti yoo ibsu dhalli namaa jireenya isaa keessaatti wantoota isaaf hin galle mara deebii argachuuf barbaada yookaan carraaqa. Waa'ee uumamaa, naannoo isaaf gaaffii garaa garaa ni kaasu, kanaaf jaarsoleen Abbootii abbootatti gargaaramuun deebii kennu.

#### 2.1.2.4 Cimsuuf Dabarsuuf

Geetaachoo (2003:141) faayidaa afoolaa yoo ibsu "Faayidaa afoolaa keessaa tokko cimsuufi dabarsuudha "jedha. Kunis aadaa, seenaa, qabeenyaafi duudhaa kan cimsee dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha jedha.

#### 2.1.2.5 Too'achuuf

Too'achuu jechuun seera ykn aadaa uummanni qabuu keessatti amaloota badaa yookaan gadhee ta'an akka balaaleffataniif amaloota fudhatama qaban immoo seera yookaan aadaa uummaticha akka hin cabne eeguudha. yaada kana irraatti wasnee (2006;14) irratti yoo ibsu ''afoolli amaloota gadhee tahan balleessuun gowwummaa dhabamsiisuun abshaalummaa kan barsiisu ta'uu qaba.'' yaada kana irraa kan hubannu afoolli wanta gadhe ta'aan balleesuuf safuu hawasaa keessatti gahee ol-aanaa kan taphatudha.

### 2.1.3. Gosoota Afoolaa

Gosoota afoolaa ilaalchisee Misgaanuu (2011:10) yommuu ibsu"Afoolli ogummaa damee garagaraa qabuudha jedha. Dameeleen kunneenis hibboo, mammaaksa, jechama, tapha ijoolleefi kan kana fakkaataniidha'' jedha. Qo'annoon kunis dameelee afoolaa kanneen keessaa waa'ee jechamaa kan ilaallatuudha.

## 2.2. Malummaa Jechamaa

Jechamni hawaasa biraatti kan baay'ee beekamuufi beekamaa tureedha. Akka wasanee (1999:137) ibsetti, "jechamni afoola looga oromoo ta'ee, haasawaa yookaan dubbii keessatti yaada ergaa dacha qabuun lugaa oromoo keessatti fayyadamuun waanuma beekamuudha"jedha.

Yaanni armaan olii gama biraatiin kan ibsu, jechamni afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee, akkuma dameelee ogafaanii kanneen biroo adda addaaf kan itti fayyadamuudha.

Kana males, jechamni Afaan Oromoo hiikaa lama(2) kan qabuudha. Hiikawwan kunneenis: hiikaa dhoksaa qaba . Hiikaan kallattii hiikaa jechamaa isa ifatti mul'atu yommuu ta'u, hiikkaan dhoksaa immoo ergaa keessaa kan icciitiin argamuudha. Karaa biraatiin akka Lammii (2016:75) ibsetti, "jechama jechuun gabaabumatti jecha lama jechuudha yookaan dubbii dachaas ni jedhama"jedha. Kana males, akka Wasanee (1999:137) fakkeenya waliin kaa'etti jechamni Afaan Oromoo hiikaa lama kan qabudha. Fakkeenyi kunneenis :

1, Namichi kun gurra guddaa qaba.

Gurra jechuun hiikaan isaa kan ifa ta’e qaama miiraa isa kan sagalee dhaggeeffachuuf gargaarudha. Hiikaan dhoksaa isaa immoo maqaa guddaa qaba yookaan beekamaadha jechuudha.

2,Odaa jala jiru.

Hiikni ifaa fi kallattii ta’e muka Odaa jedhamu jala jiru jechuudha. Hiikni dhoksaa isaa immoo seeraan bulu jechuudha.

Akka fakkeenya armaan olii irratti ifa ta’ee mul’atuutti jechamni Afaan Oromoo hiikaa lama(2) qabaatee yoo dhiyaatellee, dubbataan kan dubbbateef fedhii isaa karaa ifaa fi bareedaa ta’een ibsaachuufi. Hiikni lammataa kunillee ergaa keessaa kan dubbataan dabarfachuu barbaade sana haala gaaridhaan nama biraatiif dabrsuuf kan gumaachuudha.

### 2.2.1. Amaloota Jechamaa

Amaloota jechamaa keessaa tokko jechamni jechoota, gaalewwanii fi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf gargaarudha. Karaa biraatin akka Addunyaa (2014:122) ibsutti, “ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaa irraa yookaan sanaan ala ba’uun argamuu akka danda’u beektonni nidubbatu” jedha.

Amaloota jechamaa keessaa inni bira jechamni uunkaa isaatiin yommuu ilaalamu bifa walalootiin hin dhiyaatu. Kana males,jechamni akka ciigoo toora tokkoo oli hin qabu.

Itti dabaluun akka hayyuun armaa olikun ibsutti, “gama hiikatiinis jechama tokkoof hiikaa irranaa barbaaduuf hin dirqamnu”jedha.Yaanni kunis kan ibsu hiikni jechamaa akka ciigoo uunkaalee xiinqooqaa walitti dhufan irraa argamuu dhiisuu danda’a jechuudha.

## 2.3. Akaakuuwwan Jechamaa

Jechama Afaan Oromoo bakka garagaraatti qooduu dandeenya.Qoqqooddii kanas akka Addunyaa(2014:122) ibsutti, “jechama qaama namaa bu’uureffatu,jechama lubbu-qabeeyyii biro bu’uureffatuu fi jechama lubbu-dhabeeyyii bu’uureffatu”jechuun qooda.

### 2.3.1. Jechama Qaama Namaa Bu’uureeffatu

Akaakuun jechama kanaa irra caalaa jechoota qaamolee namaa bakka bu’an bu’uura taasifachuun ergaa barbaachisu dabarsuuf yaadudha.fakkeenyaaf:

**A,Garaa nyaatte:-ni** mararte jechuudha.

Fakkeenya; dhibamuun Caaltuu itti hammaannan, Tolaa **garaa nyaatte.**

**B,Garaa ta’an:-**walii galan jechuudha.

Fakkenya; Abdii fi Umar **garaa ta’an.**

**C,Garaa kutate:-**Tarkaanfii isa dhumaa fudhate jechuudha.

Fakkeenyaf; Magarsaan arraba namaan obsaa waan tureef kana booda garuu **garaa kutate.**

**D,Gurra abbaa isaa nyaate :-**Maqaa abbaa isaa balleesse.

Fakkeenyaf; Miidhagaan sangaa hatee **gurra abbaa nyaate.**

**E,Harka qallessa :-** Hiyyeessa yookaan nama qabeenya hin qabne.

Fakkeenyaf; Eebbasaan jiraattota ganda Guurii keessaa **harka qalleessadha.**

**I, birbinye:-** sodaate .

Fakkeenyaf; Tulluun labsii mootummaan dabarse dhageenyan **birbinye.**

**J,jiile:-**gorsa ta’eef

Fakkeenyaf; Musxafaan badii raawwaterratti poolisoonni waan tumaniif amma **jiilee** itti hin deebi’u.

**K,Jilba qabate:-**kadhate.

Fakkeenyaf: Tolaan abdii **jilba qabate.**

**L, gaara cilaaloti:-**dheeradha.

Fakkeenyaf: Tolaan akkuma gaara Cilaalooti.

**M, gadoome:-**kittaannate.

Fakkeenya;Abdiin gadoome.

**O,Morma Awwaale:**Gowwoomse .

Fakkeenyaf: Lammiin Kadiirin morma awwaale.

**P,Quba hin qabu:**hin beeku.

Fakkeenya: Tamaam qormaanni har'a ta'uu quba hin qabu.

### 2.3.2, Jechama Lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffatu

Akaakuu jechama kanaa maqaa lubbu-qabeeyyii namaan ala jiran da'oo taasifachuun kan dubbatamuudha. Ergaan isaan dabarsanis amala lubbu-qabeeyyii sanaa bu'uura taasifachuu danda'a.

Gosti jechama kanaa akka Addunyaan (2014:126) ibsutti , "Akkuma jechamoota qaamolee namaa da'oo taasifatanii dubbatamanii, hiikas ta'ee unki jechoota lubbu-qabeeyyii kana bakka bu'an irraa hiikni jechamummaa isaaniin adda ta'a"jedha. Fakkeenyaaf:

**A, Ayyaana saree dhalate:** namaa yeroo hundaa ganda keessaa jooraa ooluu fi kajeellaa baay'isuun jedhama. Fakkeenyaf, Tolaan ayyaana saree dhalate.

**B, Bofa:** yeroo hundumaa hammeenya yookaan daba jechuudha. Fakkeenyaf amalli Abbaa biqilaa bofadha.

**C,Qeerransa taatee na egde:-**Goota yookaan immoo dallantee akkasumas garmalee aartee na eegda jechuudha. Fakkeenyaf; Iftuun ani gorsuuf dhaqnaan qeerransa taatee na eegde.

### 2.3.3, Jechamoota Lubbu-qabeeyyii bu'uureffatu.

Jechamni akkuma namaa fi lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffachuun dhimma itti ba'amu, lubbu-qabeeyyiis ni bu'uureffata. Amalli jechamoota armaan olitti ibsamanii as keessati ni calaqqisa. Gosa jechamaa kana keessatti xiyyeeffannoon taasifamus hiikaa jechamummaa isaanii irratti ta'a. Fakkeenyaaf :

**A, Dhadhaa ibidda bu'e:** waan deebi'ee argamuu hin dandeenye agarsiisa.

Fakkeenyaf; Miilli Bakar Waaree dhadhaa ibidda bu'e ta'ee hafe.

**B, Jirma ta'e:-** ni ulfaate yookaan ni furdate jechuudha.

Fakkeenyaf; Taajuun Ameerikaa deemee jennaan jirma ta'e.

**C,Bokoke:-**aare,dallane.

Fakkeenyaf;Taajun dubbii ani dubbadheef bokoke.

### 2.4. Qabiyyeewwan Jechamaa

Jechamni ergaa dabarsuu barbaade yookaan kaayyoo waan ibsuu barbaade irratti hundaa'uun ergaawwan adda addaa of keessatti qabachuu ni danda'a. Kana jechuun akka Addunyaan (2014:129) ibsutti " jechamoonni tokko maalif jedhamu kan jedhu, jechamoota gootummaa agarsiisan, qabeenya agarsiisan, kunneenis: sooressummaa fi hiyyeessmmaa mul'isanidha" jedha. Akka ibsa armaan olii kanatti qabiyyeen jechama tokkoo ergaa jechamni sun ofkeessaa qabu irratti hundaa'a. Akkasumas, amala nama tokko agariisuu, eenyuu fi maalif akka jedhamuu kan of keessatti qabatuu fi ergaa dabarsuu of keessatti qabata.

### 2.5 Faayidawwan Jechamaa

Faayidaalee kanneen keessaa jechamni ergaa tokkoo, bifa hawwataa ta'een dabarsuuf yaada namaa cimsuuf, yaada yookin ergaa icciitii ta'e tokko ittiin fayyadanidha. Jechamni akkuma gosoota afoolaa kanneen biroo faayidaa hedduuf kan gargaarudha. Ergaa dabarfachuuf akkasumas haala jiruu fi jireenyaa hawaasaa keessatti mul'atan yeroo adda addaa keessatti ittiin ibsachuuf gargaara. Kana males ,akka Wasanee (2000:55)ibsutti,"jechamni haalota kanneen akka gammachuu, gaddaa fi gamnummaa yookin gootummaa ibsachuu keessatti kan yeroo hundaa gargaarudha'' jedha.

# BOQONNAA SADII :MALLEEN QORANNOO

## 3.1 Saxaxa Qorannicha

Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo irratti kan xiyyeeffatuudha. Kaayyoon kunis, akka galma gahuuf mala qorannoo fi qo’annoo qulqulleeffataa mijataa ta’e yommuu ta’u, mala qorannoo kanaa keessaas mala qorannoo ibsaatti dhimma bahameera. Sababni mala qarannoo qulqulleeffataatti dhimma baheefis qorannoon qulqulleeffataan waa’ee dhimma qoratamuu jechaan ibsuun gadi fageenyaan nama hubachiisuu waan danda’uufidha.

## 3.2 Madda Ragaalee

Maddeen ragaa ani qorannoo kanaaf itti fayyadame madda raga tokkoffaa fi madda raga lammaffaati. Maddeen ragaa tokkoffaa kunneenis, manguddoota, barsiisota sadarkaa adda addaa irratti argaman fa’a kan dabalateedha. Maddi ragaa inni kan biraa kan ani itti dhimma bahe madda ragaa lammaffaa kan jedhaman kanneen akka kitaabilee adda addaa kan waa’ee jechamaa Afaan Oromoon wal qabatanii fi wantoota ogafaaniin wal qabatanii qohpaa’an fa’atti dhimma bahe. Maddeen ragaa isaan armaan olii kun hunduu sababni isaan filatamaniif mata-duree qorannoo kanaa irratti irra caalaatti odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda’u waan ta’eef. Sababni kan biraa ammo namoonni qorannoo kana irratti gaggessuuf yookaan odeeffannoo irraa funaannachuuf filataman namoota umrii dheeraaa qabanii fi mata-duree kanaan wal qabatee muxannoo qaban jedhamanii kanneen irra caalaatti abdatamaniidha.

## 3.3 Mala iddaattoo fi iddaatteessuu

Malli isaan filatamaniin ammo mala iddaattoo fi iddaattessuu fayyadamuudhaan kanneen filatamaniidha. Sababni isaas iddaattoon fi namoota odeeffannoo irra fudhachuudhaaf hawaasa keessaa kan filataman yommuu ta’u, iddaatteessuun immoo tooftaa nammoota kanneen ittiin filatamaniidha.

## 3.4,Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu akkaataa gosa isaatiin meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma baha.kanuma irraa ka’uudhaan anis milkaa’ina qorannoo isaatiif meeshaalee funaansa ragaalee armaan gadiitti dhimma baheen jira .

### 3.4.1 Afgaaffii

Malli kun mala ragaalee qo'annoo ittiin funaannamu keessaa tokkodha.Qo,annoon kun hagam dhugummaa akka qabu beekufis nu gargaara. Afgaaffin kunis yeroo qo'annoon kun gaggeeffamu mangoddootaafi namoota beekumsa fi muuxannoo mata duree kanarratti qaban garagaraa iddattootti filataman gaafachuun kan gaggeeffameedha. Akkasumas, qo,annoo kana goosoota afgaaffii keessaa tooftaa afgaaffii hin caaseffamnetti kan dhimma baheedha. Sababni isaas afgaaffin bifa kanaan qophaa'u nama/ qaama odeeffannoo kennuuf kallattiin agarsiisuun odeeffannoo barbaadamu karaa bilisa ta'een keenuu akka danda'an kan jajjabeessudha.

### 3.4.2 Marii Garee

Mariin garee kallattii ilaalcha ittiin qorannoon kun qoratamuun namoota muuxannoo jechama afaan Oromoo kanaaf beekumsa gahaa qaban walitti qabuun mari'achiisee jira.

tooftaan kun odeeffannoo namni tokko dagate akka wal yaadachiisanii fiirratti mari'atan odeeffannoo gaarii akkan argadhuuf na gargaaree jira.

### 3.4.3. Sakatta'a Dokumantii

Waa'ee sakatta'a harshammee waliin wal qabatee akka dastaa dasaalany(2013:131) ibsutti, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan heddutu jiru" jedha. Akka hayyuun kun jedhutti barreeffamoota kanneen akka,"kitaaboota gaazexaa, barruulee adda addaa, waraqaa ragaa, barreeffama mana murtiifi yaadannoo adda addaa ta'uu danda'a" jedha. Haaluma kanaan meeshaalen ani  dhimma itti bahe inni sadaffaan sakatta'a harshammeeti. Kunis odeeffannoo malleen armaan olii irratti hundaa'uun barruulee fi kitaabilee adda addaa kan dhimma qorannoo kanaa waliin wal qabatan irratti hundaa'ee kanan mirkaneeffadhee fi gad fageenyan kanan xiinxaleedha.

## 3.5 Mala xiinxala ragaalee

Malli xiinxla ragaalee ani itti fayyadame mala al lakkoofsaati. Sababni isaas malli kun dhimmoota qorannoo keessatti dhiyaatan hunda jechaan waan ibsuuf, yaaduma kanaan walqabate Adduunyaa.(2011:10)yoo ibsu, "malli kun qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay'ee barbaachisaadha"jedha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE FI ARGANNOOWWANII

Qaaccessa ragaalee kanaa keessatti kan irratti xiyyeeffataman ragaalee qorannicha amansiisaa taasisaniifi kanneen af gaaffin odeeffanno kennitoota irraa funaanamanii fi ragaalee sakatta'a harshammee fi marii garee irraa argamaniidha. Bu'uuruma kanaan gaaffilee qorannoon kuni ni deebisa jedhamee yaadamu irratti xiyyeeffataman nama dhuunfaa irraa kaasee hanga jireenya hawaasummaa keessatti jiruufi jireenya hawaasan wal qabate ergaa qabiiyyee jechamoota Afaan Oromoo hawaasaa keessaa funaanamaniifi ragaalee sakatta'a harshammee irraa funaanaman qaaccessuun ibsuudha.

## 4.1 Ergaa Qabiiyyee Jechama Afaan Oromoo

Akka ragaaleen odeeffannoo kennitoota irraa walitti funaanaman agarsiisutti ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo jechuun kun ummanni Oromoo durii irraa kaasee jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota karaa gammachuunis ta'ee karaa gaddaan isa muudatan ittin ibsatuudha. Yaada odeeffannoo kennitoonni maalummaa ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo ilaalchisuun kennan kana irraa wanti hubatamu ergaan jechama Afaan Oromoo jiruufi jireenya ummata Oromoo waliin hidhata guddaa akka qabufi wantoota gaaris ta'ee badaa jireenya isaanii keessatti isaan muudatan kan ittiin ibsataniidha. Akkuma saba kamiiyyuu ummanni Oromoos aadaa, duudhaa fi wantoota safeeffatu kan mataa isaa qaba. Kanaaf wantoota safeeffatu kanas yeroo kallattiin dubbachuun itti ulfaatu jechamatti gargaaramuun ergaa isaa bifa ifaa fi hubatamuu danda'uun waliif ibsu. Yaada armaan olii kana ilaalchisuun manguddoon maqaan isaanii obboo Haaji Jamaal Gammachuu jedhamu, yeroo waa'ee ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo yoo naaf ibsan,"Ergaan qabiiyyee jechama Afaan Oromoo gosota afoolaa keessaa tokko ta'ee kan yeroo hundaa hawaasa keessaa dhabamuu hin dandeenyedha" jedha. Kana jechuun haala jiruufi jireenya keessatti hawaasni haala ergaa fi qabiiyyee isaa irratti hundaa'un jechama mataa isaa kan itti gargaaramu kan qabuudha. Walumaa galatti ergaan qabiiyyee jechama Afaan Oromoo haalota jireenyaa garagaraa kan sadarkaa hawaasni keessa jiraatu irratti ittiin gargaaramaniidha.

### 4.1.1Haalota Qaaccessa Ergaa Qabiiyyee Jechamoota Afaan Oromoo

Hawaasa keessatti dubbiin karaa lamaan dubbatama.Isaanis:-kallattii fi alkallattiin kan dubbatamuudha. Haaluma kanaan jechamnis akkuma maqaan isaa ibsu ergaa kallattii, alkallattii yookin hiika dhooksaa kan of keessa qabuudha. Haaluma kanaan mata duree kana jalatti

jechamoonni Afaan Oromoo akkaataa hiika isaan of keessaa qabaniifi haala qabiiyyee isaanitiin kan qaacceffamaniidha. Kunis hiika dhooksaafi hiika kallattii irratti xiyyeeffachuun jechamoonni haala armaan gadiitin dhiyaataniiru.

## A ,Jechamoota Qabeenyafi Hiyyummaa Agarsiisan

### A1 Jechama Qabeenya Agarsiisan

- **Irraa deeffata:-** akka garaa isaatti nyaatee bula. Fakkeenyaf; Halakeen bultii isaa irraa deeffata.
- **Afaan hin qabu :-**qabeenya hin qabu,mormachuu hin danda'u.
- **Fakkeenyaf;** Bulchaan ganda Seeroo Afaan hin qabu.
- **Funyaanitti uffata:-** rakkina hin qabu yookin qabeenya qaba.
  **Fakkeenya;**Caalan bultii isaa hanga funyaanii uffata.
- **Itti robe:-** qabeeya baay'ee qaba. Fakkeenyaf;Tolaa duniyaan itti robe
- **Karraan cufee bula :-** gosoota beelladaa kamiiyyuu ni qaba yookin waan dhabe tokkollee hi qabu.Fakkeenyaf; Abban caalaa loon isaa karraan cufee bula.
- **Kiila lixe:-** nama baay'ee soorame yookin nama saawwan dhibbi tokko yeroo tokko walbira dhalaniifi aannan elmee boolla qotee aannan itti guutee qaama dhiqate jechuudha. Fakkeenyaf; Dinquun barana kiila lixe.

A2 Jechamoota hiyyummaa argisiisan:

- **Afaan hin qabu :-**qabeenya hin qabu, mormachuu hin danda'u.
- **Fakkeenyaf;** Bulchaan ganda Seeroo Afaan hin qabu.
- **Harka qal'eessa:-** *hiyyeessa.* **Fakkeenyaf;Tolaan harka qalleessa**
- **Harkamaratee:** hiyyoome, qabeenyi jalaa dhumate.
- Fakkeenya; Kumsaan qabeenya isaa osomaa ija keessa ilaaluu amma harka marate.
- **Harka late:-**amane, kolonii jala oole. Baqqalaan yeroo dheeraaf mormus amma harka laate.
- **Harka haphata:-** don'a, qabeenya gahaa hin qabu. Fakkeenyaf Gannaan harka haphata.
- **Karra hin banatu:-** loon tokkollee manaa hin qabu. Fakkeenya; Kumsaan karra hin banatu.
- **Ulee gate :-** deegee. Abdiisan bara kana ulee gate.

- **Itti qaawwe:-** qabeenya dhabe rakkatee. Fakkeenyaf; Abdii barana jiruun itti qaawwe.

Akka walii galaatti jechamoonni armaan olii kun odeeffanno namoota irraa walitti qabaman irratti hundaa'un kan qaacceffaman yommuu ta'an isaanis hawaasa keessatti qabeenyaafi hiyyummaa kan agarsiisaniidha.

**B ,Jechamoota Jaalalaafi Jibba Agarsiisan**

**B1,Jechama jaalala Agarsiisan**

- **Leelloo qabu :-** waljaallatu

  **Fakkeenyaf;** Caaltuufi caalan leelloo qabu.
- **Luucca'e :-** jaalate. Fakkeenyaaf; Umar Caaltuu luucca'e
- **Saayiba isaati :-** hiriyaa isaati. Fakkeenyaf Tolaan saa'iba isaatif sa'aatii bite.
- **Harka mirgaa fi bitaa :-** wal gargaaru; wal jaallatu.

  Fakkeenyaf; Taliileefi Taajuun Harka bitaafi mirgaati
- **Afaanii wal nyaatu :-** akka gaaritti wal jaallatu.

  Fakkeenyaf; Sooraafi Daraartun afaanii wal nyaatu.
- **Ba'aa laphee :-** baay'ee wal jaallatu.

  **Fakkeenyaf;** Gurmeessaafi Kinoon waliif ba'aa lapheeti.

B2 Jechama jibba agarsiisan:

- **Ijaa fi adaamii :-** diina waliiti; baay'ee wal jibbu.

  Fakkeenyaf; Oromoof Tigreen waliif ijaafi adaamidha.
- **Duugdaa fi garaa tahan:-** wal jibban, diina walii tahan.

  **Fakkeenyaf;** Umariif Geechoon duugdaaf garaa ta'an.
- **Saree roobaa :-** jibbamtuu.

  **Fakkeenyaf;** Namni hatu saree roobaati.
- **Ijaa fi cirracha :-** diinummaa qabu, wal eeggatu.

  **Fakkeenyaf;** Harreefi waraabessi waliif ijaaf cirracha
- **Natti dorrobe:-** natti aare; na jibbe .

  **Fakkeenyaf;** Tulluun bara kana natti dorrobe
- **Natti dubbate :-** naan lole, natti dheekkame.

**Fakkeenyaf;** Abbaan koo badii kootif natti dubbate.

- **Miira balleesse :-** of jibbe. Fakkeenyaf tolaan ofumaa miira of balleesse.
- **Gurra mure:-** maqaa balleesse.

  **Fakkeenyaaf;** Gammachuun Lammii gurra mure.
- Arraba dheerata:- dubbii jaallata.

  Fakkeenyaaf; Tolaan arraaba dheerata.
- Luka mure:- rakkootti dabarsee kenne.

  Fakkeenyaaf;- Haadhoo isaa luka mure.

Walumaa galatti hawaasni tokko waliin jiraachuuf, jiruufi jireenya isaa keessatti jaalalaafi jibba kan qabuudha. Akka odeeffannoon hawaasa irraa walitti qabame ibsutti jaalalaaf jibba kanas jechamoota armaan olii kanatti fayyadamuun kan ibsataniidha.

**C,Jechamoota Safuu fi Gadda agarsiisan**

**C1. Jechamoota safuu argisiisan**

- ✓ **Sabbata hiikkatte:-**safuu wallaalte, warwaatte, deesse jechuudha.

  Fakkeenya; Intalti abbaa Amaan kan sabbata hiikkatte
  - ✓ **Bishaantuu jala yaa'e**:-gubate. Fakkeenyaf mana obboo caalaa halkan edaa bishaan jala yaa'e.
  - ✓ **Wanti waaqaa bu'e:-** Bakakkaan bu'e. fakkeenyaf; Rooba har'a roobee san keessa wanti waaqaa bu'uu hin oolu.
- ✓ **Lama taate :-** dhalte, hiikkatte.

  Fakkeenya; Aaddee Toltuun guyyaa har'aa lama taate.
- ✓ **Karaa miti :-** seeraa miti.

  Fakkeenyaf; Adeemsi tolaa itti jiru kun karaa miti.
- ✓ **Karaa cufe :-** dubbii balleesse.

  Fakkeenya; Jaarsii Sirna araaraf dhufe kara cufe.
- ✓ **Bukkeedha :-** qaamaa saalaa lama qaba, qaamni saalaa hin laamsha'e jechuudha. Fakkeenyaf; Ilmi abbaa daggafaa bukkeedha.
- ✓ **Ija malee hafe :-** dhala hin godhanne, ilmoo dhabe.

**Fakkeenyaf,** Tolaan hanga ammaatti ija malee hafe.

- ✓ **Harkaan deema :-** ni hata.

  **Fakkeenya,** Margaan harkaan deema.

- ✓ **Ayyaana saree dhalate :-** ganda keessa joora, ni kajeellata, hawaasni yeroo namni ganda irra jooruu yookin kaajeellaa deemu ni kajeellata jechurra ayyaana saree dhalatee jechuun fayyadama.

  **Fakkeenya;** Taayyen ayyaana saree dhalate.

- ✓ **Afaan bal'ata :-** safuu hin eeggatu.

  **Fakkeenyaf;** Caalaan Afaan bal'ata

- ✓ **Maseena :-** dhabduu dubartii ilmoo hin dhalin.maseena jechurra dhabduu filata hawaasni. Fakkeenyaf Niitin tilmoo Maseenadha

- ✓ **Lafa seene :-** qaana'e, saalfate, yeella'e.

  **Fakkeenyaf;** Caalan soddaa arginaan lafa seene.

- ✓ **Mooyyee hammate :-** kophaa tahe, ilma dhabe.

  **Fakkeenyaf;** Abban tolaa mooyyee hammate.

**C2 Jechamoota gadda agarsiisan**

- ✓ **Boqate :-** du'e. Abbay Tsaayyee barana boqate.

- ✓ **Hirmii buufadhu :-** waan lagatamu tokko, booyi, Kabbadaa fi Kaawwan (2006:204)ni ibsu. Hirmii baafadhu jechuun alkallattiidhan fira keetu du'ee booyii ergaa jedhu dabarsa.

  Fakkeenyaf; Caalaa hirmii buufadhu

- ✓ **Hirmii hin nyaatin :-** fira keettu du'ee dhagahii, hin kolfin ergaa jedhu qaba. Kana males du'aanis erga lubbuun keessa baatee faayidaa akka hin qabnefi osoo hin booyiniif waan nyaatamuu fi dhugamu akka lagatamu beeksisuudha. Kanaafuu hirmii baafachuun faalla hirmii nyaachuti.

  **Fakkeenyaf;** Yaa Abbaa tama hirmii hin nyaatin.

- ✓ **Biyyoon isatti haa salphattu :-** Rabbiin badii isaa haa dhiisuf.

  **Fakkeenyaf;** Abbaa Takileetti biyyoon haa salphattu.

- ✓ **Maqaa na dhoofte hin jedhin :-** kana jechuun maqaa nama du'ee sana yoo dhahanillee akka waan warra jiruu sana miidhutti yaadu. Kanuma irraa ka'uun akkuma maqaa nama du'e sanaa dhahaniin dafanii hancufa tufuun biyyoon isatti haa salphattu maqaa na dhoofte hin jedhin jechuun ergaa isaa warra namni jalaa du'e sanaaf dabarsuudha.

Fakkeenyaf; Yaa Ilma koo Maqaa kee si dhahee maqaa na dhoofte hin jedhin.

- ✓ **Galaa isa dhumaa nyaate :-** du'e, lubbuun isaa dabarte.

**Fakkeenya;** Gadaafan har'a gala isa dhumaa nyaate

- ✓ **Cinaachi isaa lafa gadi dhiise** :- dhibee isaa irraa fayye.

Fakkeenyaf; Taalaan erga dhibamee har'a cinaachi isaa lafa gadi dhiise

Walumaa galatti jechamoonni armaan olii kun aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti yeroo gaddaafi safuu jechoota hawaasaa keessatti akka safuutti ilaalaman bakka bu'uun gaddaafi safuu hawaasaa ibsuuf kan gargaaraniidha.

## 4.2 Wantoota Ergaa Jechama Afaan Oromoo Irratti Dhiibbaa Fidan

Wantoota ergaa jechamoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan kanneen akka dandeettii hiika jechamaa xiinxaluu gadi fagoo dhabuu, bilchina sammuu dhabuufi Afaanuma Oromoo sirritti dubbachuufi yeroo barnootaa xiyyeeffannoo karaalee jechamaa irratti xiyyeeffachuu dhabuudha. Itti dabaluudhaan bal'ina saayinsiifi tekinooloojii yeroo ammaa addunyaa ganda tokko taasisuun, ergaan jechama Afaan Oromoo akka xiyyeeffannoo hin arganne godheera.

### A, Dandeettii Hiika Jechamaa Xiinxaluu Gadi Fageenya Dhabuu

Akkuma beekkamu jechamni Afaan Oromoo hiika lama kan qabuudha. Kunis hiika kallattii fi al kallattii jedhamu. Namni dandeettii hiika jechama Afaan Oromoo kana lamaan keessaa hiika dhooksaa irratti hubannoo hin qabne kallattimaan hiika kallattii irratti xiyyeeffata.kun ammo hiika dhooksan yookin ergaa dhooksan akka darbuu barbaadame akka hin darbine waan godhuuf ergaa jechama Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fida.

### B, Bilchina Sammuu Dhabuu

Ergaan jechama Afaan Oromoo hubachuuf bilchina sammuu gadi fagoo qabaachuu nama gaafata. Sababni isaas ergaan karaa jechamaan darbu tokko dhoksan waan arguuf bilchina sammuu qabaachuu gaafata. Yaaduma kanaan wal qabatee akka itti gaafatamaan waajjira aadaafi turiziimii aanaa Heexosaa obboo Isheetuu Malaakuu naaf ibsanitti," ergaan jechama Afaan Oromoo kallatti lamaan kan hiikamu fi akkasumas walxaxaa waan ta'eef muuxannoofi dandeettii bilchina sammuu qabaachuu nama gaafata" jedha.

Yaada waraabbii armaan olii irraa wanti hubannu ergaan jechama Afaan Oromoo kallatti tokkoon isaa hin taane kallattii hedduun ilaalanii xiinxaluu waan nama gaafatuuf namni ergaan karaa jechama Afaan Oromoon darbu tokko hubachuu danda'u nama sammuun bilchaate ta'uu akka qabu agarsiisa.

### C, Dandeettii Afaan Oromoo Dubbachuu Dhabuu

Namni tokko karaa afaan tokkoffaa yookin afaan dhalootan darbu sirritti hubachuun kan salphatuudha. Namni ergaa jechama Afaan Oromoo hubachuu danda'u tokko Afaan Oromoo dubbachuu fi dhaggeeffachuun barbaachisaadha. Yaaduma armaan olii kanaan wal qabatee akka manguddoon Haaji Bshiir Tukee naaf himanitti,"namni tokko dandeettii dubbachuu afaanii yoo sirritti hin qabaatin ergaa karaa afaan sanaan darbus hubachuu hin danda'u"jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu namni tokko ergaa jechama Afaan tokkoon darbu hubachuuf dandeettii afaan sanaa dubbachuu fi dhaggeeffachuu qabaachuu qaba.

### D, Babal'ina Saayinsii fi Teknolojii

Babal'inni saayinsii fi teknolojii kallattii aadaa ,duudhaa fi haala jiruu fi jireenyaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a. Babal'ina saayinsii fi teknolojii kana irraa kan ka'e yeroo ammaa kana addunyaan ganda tokko taate jirti.Sababa kanaaf walitti dhufeenyi addunyaan gama hawaasaa diinagdee, daldalaa fi siyaasaan tokko yommuu taatu afaan addunyaa tana tokko godhe walitti hidhu kunis afaan baay'ee guddinaan sadarkaa ol aanaa irra gaheedha. Fakkeenyaf, Afaan Ingiliffaa afaan koompitaraa akkasumas afaan hawaasaa ,diinagdee ta'uun addunyaa irratti afaan saayinsii fi teknolojiin guddatte waan ta'eef afaanota birooirratti dhiibbaa guddaa uumee jira.Kunis addunyaa waliin deemun dirqama jiruufi jireenyaa hawaasummaa waan ta'eef, yeroo kana afaan,aadaa fi duudhaa hawaasa biro irratti dhiibbaa geessisuudha. Afaan Oromoos afaan kompitaraa fi saayinsiif taknolojii waan hin taanef afaanota dhiibban irra gahaa ture keessaa tokkoodha.Kanaaf yeroo ammayyummaan haala gaarin babal'achaa jiru kanatti afaan ofii dubbachuun baay'ee ulfaata. Sababuma kanaaf ergaan jechama Afaan Oromoo hubachuufi daddabarsuu irratti dhiibban uumamuu danda'a.

## 4.3. Faayidaa Qaaccessa Ergaa Jechama Afaan Oromoo

Jireenya hawaasaa keessatti karaalen hawaasni wantoota jireenya isaa keessatti isa qunnaman ittiin ibsatu keessaa tokko afoola. Kanaaf ergaan karaa jechamaan darbu isa tokko. Kanaafuu

faayidan qaaccessa ergaa jechama Afaan Oromoo guddinaan karaa afaanichaan mul'achaa jiru jajjabeessuu fi akkasumas namoota maalummaa faayidaa jechama Afaan Oromoo hin beekne hubachiisudha.Kana malees, jechamoota hawaasa keessatti tajaajilan ergaan isaan dabarsan salphatti akka hubatamu gochuudha.

Karaa biraatin jechamoota hawaasa keessatti barreeffamaan hin jirre walitti qabuun bifa barreeffamaatin ol kaa'udha. Kun ammo jechamoonni afaanin hawaasni itti gargaaramaa ture bifa barreeffamaan taa'ee akka dhaloota dhufuuf darbu gochuudha. Faayidan qaaccessa ergaa jechama Afaan Oromoo inni itti aanu jechamoota akkaataa qabiyyee isaanitiin ergaa isaan dabarsan akkaataa tajaajila isaanii waliin wal qabsiisuun ibsuuf gargaara. Kunis jechamoonni hawaasa keessatti icciitii yookin waan safuu tokkoo yeroo dubbachuun hindanda'amnetti jechamatti gargaaramuun ergaan sun akka galma barbaadame sana gahu guchuun ni danda'ama. Kanaafuu faayidaan qaaccessa ergaa jechama Afaan Oromoo jechamoota ergaa isaan of keessa qaban akkaataa tajaajila isaanii waliin walsimsiisudha. Walumaa galatti faayidan jechamni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu namoota hunda biratti akka beekkamu gochuudha.

### 4.4 Haala Ergaan Jechama Afaan Oromoo Itti Hubatamu yookin Darbu

Ergaan jechama Afaan Oromoo karaa lamaan hubatamuu ni danda'a. Kunis akka Wasanee (1999:137)ibsetti, hiika kallatiifi dhoksaa kan qabuudha. Ergaan jechama Afaan Oromoo kallattii hiika isa gubbaa yookin hiika kallatti jechamni sun jechuu barbaadu irratti yommuu xiyyeeffatamu,karaa biraan immoo haala dhooksaan ergaan keessoo lafee jechaa keessatti argamu xiinxaluun kan hubatamudha. Yaaduma armaan olii kanaan wal qabatee manguddoon Idiriis Nuuroo akka naaf ibsanitti,"haalli ergaan jechama Afaan Oromoo itti hubatamu yookin itti darbu haala ergaa kallattii fi dhooksaa irratti hundaa'udhaanii"jedha. Kunis akka yaada armaan olii kana irraa hubatamutti halli ergaa jechama Afaan Oromoo dhimmoota yookin ergaa of keessaa qabu irratti hundaa'ee garaagarummaa qaba.

Kana males, haalli ergaan jechama Afaan Oromoo itti hubatamu yookin itti darbu dandeettii nama ergaa sana hubatuu fi ergaan sun itti darbu irratti hundaa'a; kunis qaamni ergaa kana hubatu yookin ergaan kun itti darbu dandeettii hiikaa yookin ergaa jechama tokkoo xiinxaluu qabaachuu qaba. Dandeettii jechamaa xiinxaluu yoo hin qabaatin ergaan darbuufi hubatamuuf barbaadame kallattii tokko qofaan kan ilaalamuudha. Walumaagalatti haalli ergaan jechama

Afaan Oromoo itti hubatamu haala ifaa yookin kallattii ta'eefi ergaa keessaa(dhoksaa) isaa ilaalun kan hubatamuu fi kan daddarbuudha.

# BOQONNAA SHAN: YAADA XUMURAAFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Yaada Xumuraa

Ergaan qabiiyyee jechama Afaan Oromoo haala jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti tajaajila guddaa kan kennuudha. Tajaajilli kunis yeroo gaddaa, gammachuufi iddoo araaraa fa'atti hudduminaan kan tajaajiluudha.

Kaayyon qorannoo kanaas ergaan qabiiyyee jechama Afaan Oromoo Godinoota Oromiyaa garaagaraa qaaccessuun ibsuu irratti kan xiyyeeffateedha. Malleen qorannoo, qorannoo kanaaf itti dhimma bahame mala qorannoo qulqulleeffataa mijataa ta'e yommuu ta'u, mala qorannoo kana keessas mala qorannoo ibsatti dhimma bahamee jira. Meeshaalen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma bahame sakatta'a harshammeeti.

Argannoowwan qorannoo kanaan bira gahamanis Ergaan jechama Afaan Oromoo jiruuf jireenya Hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabudha. Ergaa jechama Afaan Oromoo keessaa ummanni Oromoo wantoota jireenya isaanif ta'uufi jireenya isaanif hin taanes keessatti kan ittiin ibsatan ta'uudha. Ergaan jechama Afaan Oromoo aadaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa hawaasa keessa jiru kan ibsu ta'uu. Karaa argannoon inni biraa immoo wantoonni dhiibbaa ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo irratti fidan kanneen akka dandeettii hiika jechamaa xiinxallii gadi fagoo dhabuu, bilchina sammuu dhabuu, dandeettii afaan dubbachuu dhabuufi babal'ina saayinsii fi teekinooloojii fa'a akka ta'e irra gahameera.

Qorannoon kun kan barbaachiseef ergaa jechama Afaan Oromoo kan afaanirra dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe gara barreeffamaatti jijjiirun dhaloota dhufuuf olkaa'udha. Qaama mata duree kana irratti qorannoo bal'aa gaggeessuu barbaadaniif akka isaan dubbisaniif isaan fayyaduu fi qaama ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo dubbisuu yookin baruu barbaadaniif akka isaan dubbisanii hubataniif ni gargaara.

Daangan qorannoo kanaa, jechamni Afaan Oromoo Godinoota Oromiyaa keessatti bakka bakkatti garaagarummaa yoo qabaateyyuu, bakka hunda'atti ni dubbatama. Kanaafuu, qorannoon kun gosa ogafaanii kan ta'e ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo irratti daangeffameera. Qorannookoo galmaan ga'uufis, madda ragaa kan ta'e, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati.

## 5.2 Yaada Furmaataa

Ragaaleen funaaname xiinxalamee irratti hundaa'udhaan qorataan haala itti namoonni ergaa qabiiyyee jechama Afaan Oromoo irratti hubannoo isaanii gabbifachuu akka danda'aniif fala yookiin yaada furmaataa akka armaan gadiitti lafa kaa'ee jira. Isaanis

1, Waajjirri Aadaa fi Turiziimii Oromiyaa dhimma kana irratti xiyyeeffannoo kennuun ergaa jechamoota Afaan Oromoo kan afaanin dhalootaa irraa gara dhalootatti darbaa dhufe kana, manguddoota irraa walitti qabuun bifa barreeffamaan ol kaa'ee dhaloota dhufuuf yoo dabarse gaaridha.

2, Ergaan jechama Afaan Oromoo yookaan jechamni Afaan Oromoo akka hin banneef dhaaloonni haaraan gahee mataa isaanii bahuun isaan irraa eegama.

3, Biiroon Aadaa fi turizimii Oromiyaa fi namoonni dhimma kana ilaalchisee muuxannoo qaban kitaabilee waa'ee ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo fi namoonni dhimma kana ilaalchisee muuxannoo qaban kitaabilee waa'ee ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo qopheessuun namoonni dandeetti isaanii karaa kanaan akka gabbifatan yoo ta'e gaaridha.

4, Hojjattoonni waajjira aadaa fi turizimii, sab-qunnamtii, koominikeeshinii faayidaafi barbaachisummaa ergaa qabiyyee jechama Afaan Oromoo hawaasa hunda biratti yoo balbal'isaan gaariidha.

## WABIILEE


Abarraa Nafaa. (1999: 14 ). Afoola Oromoo Tuulamaa; Walaloo Geerarsa, (Jildii-8) qajeelcha qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa: Mana Maxxansa Komershaalii.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa Yaadrimee qorannoo hujoo.*Finfinnee: Mega printing press.

Ahmad Nagoo(2011).Biiftuu Afoolaa.Waajjira Aadaa fi Turiziimii Aanaa Heexosaa. kan hin maxxanfamin

Asafaa Tafarraa. (2009*). Eela: Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dastaa Dasaalany (2013).Bu’uura Qorannoo Maxxansaa Lammaffaa for East Trading PL.C

Geetaachoo Rabbirraa. (2007). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Publishing Enterprise.

Lammii Kabbabaa (2016) .Kitaaba Deeggarsa Barnoota Afaan Oromoo Mega Publishing and Distrbution P.L.C.

Okpewho, I. (1992*). African Oral Literature: Background, Character and Continuity Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.*

Wasanee Bashaa(2000).Qorii Hambaa Finfinnee Kaaluu printing press.

Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorataan maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________